A WORKSHEET PREPARED TO HELP THE 2020 OROMIA CTE GRADUATES AND THOSE WHO RE-TAKE THE PROFESSIONAL COMPETENCY ASSURANCE TEST IN SUPPLEMENTING THE ANNUAL WORK INTERRUPTED DUE TO COVID-19

Biiroo Barnoota Oromiyaa

unicef

Deeggarsa UNICEF kan Qophaa'e

Biiroo Barnootaa Oromiyaa
Eebla 2012

Gaaffii Shaakallii Sagantaa Dippilomaan Eebbifamtoota KBB bara 2012fi kanneen irra deebiin qorumsa Madaallii Gahumsa Ogummaa

1 fudhataniif Qophaa'e

Gaaffii Shaakallii Akaakuu Barnootaa: GJQ

I.Kutaa-I Gaaffilee Qabiyyee "Content"(1-140)

Gaafilee GJQ Armaan Gaditti Dhihaataniif Deebii Sirrii Ta'e Filadhuu Iddoo Deebiin Itti Kennamu Irratti Barreessi.

1. Kanneen armaan gadii keessaa sirna dalagaa onneefi sombaa keessatti kan **hin** hammatamne isa kami?
   A. Ujummoo dhiigaa
   B. Onnee
   C. Somba
   D. Deebiin hin kennamne
2. Maashaan fuldura irree harkaa ciqilee olii fi gateettii gidduutti argamu maal jedhamee waamama?
   A. Maashaa Baayiseepsii
   B. Maashaa Tiraayiseepsii
   C. Maashaa Deltooyidii
   D. Maashaa Giluuteelsii
3. Lafeen yeroo daa'imni dhalattu lakkoofsaan shan turee ga'eessummaa irratti wal qabachuun lakkoofsaan tokko ta'u lafee maalii jedhama?
   A. Lafee ceequu
   B. Lafee mo'oo
   C. Lafee wirtuu saakiramii
   D. Lafee qomaa
4. Jijjiiramni /bu'aan/ shaakallii qaamaa dalagaa onnee irratti fidu maalinni?
   A. Oksijiinii seelii dhiigaa keessatti hir'isuu
   B. Hanga cuunfaa dhiigaa al-tokkoo dabaluu
   C. Dhikkifata onnee dabaluu
   D. Qabee onnee akkuma jirutti tursuu
5. Barbaachisummaa Shaakallii qaamaa idilee kan hin taane isa kami?
   A. Ulfaatina qaamaa dabaluuf
   B. Carraa dhukkubaan qabamuu hir'isuu
   C. kuufama coomaa xiqqeessuu
   D. Lafee fi maashaa jabeessuu
6. Kannen armaan gadii keessaa humnummaa dalagaa onnee fi sombaa dagaagsuuf kan gargaaru isa kami?
   A. Utaalcha olii
   B. Darbannaa eeboo
   C. puush-aappii
   D. Bishaan daakkaa
7. Namni ga'eessa fayyaa buleessi tokko yeroo boqonnaa isaa tilmaamaan qilleensa (O_2) hangam gara keessaatti fudhata?

A. 500Ml
C. 600Ml
B. 350Ml
D. 750Ml

8. Kaayyoon ga'umsa qaamaa dandeetti addaa irratti xiyyeeffate isa kami?
   A. Dorgammii ispoortii keessatti bu'aa olaanaa galmeessisuu
   B. Teekiniikii fi taaktiikii ispoortii tokko sirriitti hojiirra oolchuuf
   C. Fayyummaa ofii eeggachuuf
   D. 'C' dhaan alatti hunduu sirriidha
9. Sochii qaamaa ijoo ta'e hojjachuun dura qaama ho'isuun maaliif barbaachise?
   A. Qaama sochii ijoo ta'eef qopheessa
   B. Balaaf saaxilamuu hir'isa
   C. A fi B
   D. Deebiin hin kennamne
10. Sochii ispoortii keessatti miidhaa namarra ga'u hir'isuuf maal gochuu qabna?
   A. Seera taphaa eeganii taphachuu
   C. Qaama ho'ifachuu
   B. Dirree mijataa gochuu
   D. Hunduu deebiidha
11. Kan saanduqa gargaarsa duraa keessatti hinargamne isa kami?
   A. Alkoolii
   B. Bandeejii
   C. Limmoo/Marfee fi sirinjjii
   D. Gloovii
12. Kanneen armaan gadii keessaa naamusa ispoortii kan hintaane isa kami?
   A. Araada adda addaa irraa bilisa ta'uu
   B. Seera ispoortii keessatti hirmaatanii beekuu
   C. Qoricha humna dabalu fudhachuu
   D. Alkoolii dhuguu irraa of-eeguu

13. Isportessaan tokko yoo dhugaatii alkoolii dhuguu amaleeffate jijjiiramni irratti **hin** mul'anne isa kami?

A. Hiriyaa waliin walii galtee dhabuu
C. Dhiibbaa dhiigaa dabaluu
B. Fedhii nyaataa dabaluu
D. Fedhii sochii qamaa hojjachuu dhabuu

14. Tapha irratti taphataa garee faallaa akka tasaa itti buutee yoo kuffiste maal gochuu qabda?

A. Bakka kufetti dhiituu
B. Bakka kufetti dhiisanii deemuu
C. Qabanii ol kaasuun dhiifama gaafachuu
D. Deebiin hin jiru

15. Meeshaalee barnoota guddinaa fi jabeenya qaamaa (ispoortii) haala barsiisaan itti fayyadamuun turtii (umurii) meeshaalee kanaa dheeressuu fi badii uumamu irraa oolchuuf maal gochuu qabna?

A. Barattootatti kennanii biraa deemuu
C. Ittiin barsiisanii iddo mijataa kaa'uu
B. Kan moofa'e gatuun haaraa bituu
D. Hunduu deebiidha

16. Ispoortii aadaa biyya keenyaa keessaa humnaa fi mala cimaa kan gaafatu ta'ee namoota lama gidduutti kan gaggeeffamu isa kami?

A. Qillee
B. Waldhaansoo
C. Korboo
D. Saddeeqa

17. Kanneen armaan gadii keessaa Daa'imman Qaroo Dhabeeyyii ilaalchisee kamtu **sirrii** miti?

A. Isaan dhalootaan qaroo dhabeeyyii ta'an irratti rakkoon qindoomina maashaalee mul'achuu ni danda'a
B. Isaan dhalootaa jalqabanii miidhama qaban garaadhaan gadi gombifamanii taa'uu ni filatu
C. Yeroon miidhamichi itti calqabe guddina sochii qaamaa irratti gahee olaanaa qaba
D. Hunduu sirriidha.

18. Ispoortii aadaa biyya keenyaa keessaa humnaa fi mala cimaa kan gaafatu ta'ee namoota lama gidduutti kan gaggeeffamu isa kami?

A. Qillee
C. Korboo
B. Waldhaansoo
D. Saddeeqa

19. Morkii ispoortii aadaa ilaalchisee sirrii kan hin taane isa kami?

A. Namootaaf gammachuu kennaa
C. Qaama qofaan kan dalagamuudha
B. Qindaa'aa ta'uu isas
D. Amala wal-dorgommii qaba

20. Gabateen Saddeeqaa boolla meeqa qabaachuu qaba?

A. Kudha lama
C. Afurtamii saddeet
B. Kudha saddeet
D. A fi B

21. Ispoortiiwwan aadaa armaan gadii keessaa xumurri taphaa yeroodhaan (sa'atiin) kan daangeffame isa kami?

A. Korboo
B. Waldhaansoo
C. Saddeeqa
D. Qillee

22. Tapha kubbaa kachoo keessatti kubbaa firicisiisuu ilaalchisee sirrii kan hintaane isa kami?

A. Yeroo kubbaa firicisiisuu sagaleen dhaga'amu tokko qofaa
B. Yeroo kubbaa fircisiisuu kubbaan harkaan rukutamuu qabdi
C. yeroo kubbaa fircisiisuu dirree fi taphttoota siirriitti to'achuu
D. Yeroo kubbaa firicisiisuu qubni harkaa walitti maxanuu hinqabu

23. Tapha kubbaa saaphanaa keessatti kubbaa taphataa garee masaanuutiin saaphanaa olitti rukutamte ittisuun kan danda'amu taphataa meeqaan ta'uu qaba?

A. Tokko
C. Sadii
B. Lama
D. Hunduu deebiidha

24. Tapha kubbaa miilaa keessatti faayidaan kubbaa addaan (kallachaan) dha'uu maali?

A. Galii galchuuf
C. kubbaa to'achuuf
B. Hiriyaadhaa kennuuf
D. Hunduu deebiidha

25. Yeroo kubbaan keessoo miilaatiin dhiitamtu kofti miilla kubbaa dhiituu fi hindhiitne gidduu jiraachuu qabu meeqa?

A. 45^o
C. 25^o
B. 90^o
D. 50^o

26. Atileetiksiin bakka gurguddaa meeqaatti qoodama?

A. Sadii
C. Shan
B. Lama
D. Afur

27. Fageenya fiigichaa armaan gadii keessaa jalqabbii fi xumurri isaa toora sirrii /sarara qajeelaa/ kan ta'e isa kami?

A. 800M
C. 200M
B. 400M
D. 100M

28. Kanneen armaan gaii keessaa dogongorri yeroo darbannaa eeboo mul'atu isa kami?

A. Harka eeboo qabate gara cinaatti diriirsuu
B. Humna ga'aa ta'een eeboo darbachuu
C. Eeboo iddoo/bakka/ funyoon /haadni/itti marame qabachuu
D. Deebiin hin kennamne

29. Atileetiin tokko utaalcha lafarraa yeroo utaalu sochii inni raawwachuu qabu keessaa sadarkaa sadaffaa irratti kan argamu isa kami?

A. Fiiguu/Tirtiruu
C. lafarraa olka'uu
B. Qubachuu
D. Balali'uu

30. Ka'umsa jilbiibbii kan fayyadamnu gosa fiigichaa isa kamiif?

A. Fageenya giddugaleessaa
C. Fageenya dheeraa
B. Fageenya gabaabaa
D. Sadanuu irratti ni fayyadamna

31. Sochiiwwan armaan gadii keessaa aadaa fi shubbisa hawaasaa irraa argame jedhamee kan amanamu isa kami?

A. Harkaan dhaabbachuu
C. Gaggaragaluu
B. Addaan dhaabbachuu
D. Deebiin hinkennamne

32. Biyyoota armaan gadii keessaa biyyi hundumaa dursitee jimnaastikiidhaaf iddoo guddaa kennuun gutummaa biyyattii keessatti gaggeessaa turte

A. Faransaayi
C. Roomaa
B. Giriikii
D. Hindii

33. Jimnaastikii hojjachuu kan qaban namoota akkamiiti?

A. Qaamaan furdaa kan ta'an qofa
C. Dargaggoota qofa
B. Qaamaan qallaa kan ta'an qofa
D. Namni hunduu hojjachuu danda'a

34. Sochii madaala qaamaa miila tokkoon minjaalatti /balance beam/ fayyadamuun hojjachuu ilaalchisee sirrii kan **hin**taane isa kami?

A. Miila mirgaa ykn bitaa ol-kaasuun minjaala irra kaa'uu
B. Harka lamaan gara cinaatti diriirsuu
C. Gara lapheetti miila tokko dachaasuu
D. Miila minjaalarra jiru gara cinaatti diriirsuu

35. Qullaa ta'uun sochii dalaguun afaan Laatiiniitiin mal jedhama?

A. Jimnaastikii
C. Jimnaaziyeemii
B. Jimnoosii
D. Deebiin hinkennamne

36. Kanneen armaan gadii keessaa dalagaa dirree jedhamee kan waamamu isa kami?

A. Utaalcha
C. Fiigicha
B. Darbannaa
D. A fi B deebiidha

37. Gosa ispoortii armaan gadii keessaa peentaatiloonii jabana durii keessatti kan hin haammatamne isa kami?

A. Darbannaa beeddee
C. Utaalcha olii
B. Darbannaa eeboo
D. Utaalcha lafarraa

38. ADP jechuun maal jecbuu dha?

A. Adenonaayinii sadii fi foosfeetii tokko
B. Adenonaayinii tokkoo fi foosfeetii sadii
C. Adenonaayinii sadii fi foosfeetii sadii
D. Adenonaayinii tokkoo fi foosfeetii lama

39. Seera tapha kubbaa kaachoo keessaatti sa'aatiin murteessaa kan hin dhaabbanne yoomi?

A. Yeroo kubbaan ala baatu
C. Yeroo galiin galtu
B. Yeroo balleessaan uumamu
D. Yeroo boqonnaa

40. Namni tokko qaama isaa keessaa hanqina vitamin "C" yoo qabaate dhibee _____ f saaxilama.

A. Kuwaasherkoorii
C. Maraammartoo
B. Iskervii
D. Jaamina halkanii

39. Kanneen armaan gadii keessaa tokko kaayyoo waldorgommii ispoortii miti.
   A. Bashannana
   B. Guddina xiinsammuu
   C. Ga'uumsa qaamaa qabaachuu
   D. Wal-loluu

40. Kanneen armaan gadii keessaa tokko sababa namni dhugaatii itti dhuguudha.
   A. Aadaa sababa godhachuun
   B. Fedhii xiin sammuu guutuuf
   C. Hiriyaa fakkaachuuf
   D. Hunda

41. Seelota dhiigaa keessaa kan parsantii guddaa qabu kami?
   A. Pilaasimaa
   B. Seelota dhiiga diimaa
   C. Seelota dhiiga adii
   D. Pilaatileetii

42. Kanneen armaan gadii keessaa tokko dalagaa sirna lafee miti.
   A. Hargansuuf
   B. Ho'a qaamaa uumuuf
   C. Sochii taasisuuf
   D. Qaama utubuuf

43. Fiigicha ulee walii kennuu 4X100m ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?
   A. Osoo hin ilaaliin ulee fudhachuu qabna
   B. Ka'uumsi ka'uumsa dhaabbiiti.
   C. Uleen hanga dhumaatti atileetii harkatti argamuun dirqama miti.
   D. Hunduu sirriidha

44. Kanneen armaan gadii keessaa tapha kubbaa saaphanaa taphoota kubbaawwan biroo irraa adda kan taasisu kami?
   A. Tooftaa hiriiraa qabaachuu
   B. Dirree mataa isaa qabaachuu.
   C. Adeemsaa fi seera mataa isaa qabaachuu
   D. Yeroon daangeffamuu dhabuu isaa.

45. Akaakuu nutiriishinii armaan gadii keessaa kan anniisaa hunda caalaa burqisiisu kami?
   A. Kaarboohaydireetii
   B. Pirootinii
   C. Cooma
   D. Vaayitamina

46. Seera tapha kubbaa miilaa keessatti faayidaan sarara naannoo galii (11m) maali?
   A. Bakka rukuttaa deebiiti
   B. Bakka rukuttaa peenalitiiti

C. Iddoo galii eegaan kubbaa keessatti qabuu hin dandeenye dha

D. A fi C deebii sirriidha.

47. Faayidaa jimnaastikii walabaa kan **hin**taane kami?

A. Sochiilee birootiif bu'uura

B. Ga'uumsa qaamaa ni argamsiisa

C. Ofitti amantaa ni dagaagsa

D. Kubbaa miilaaf bu'uura miti.

48. Kanneen armaan gadii keessaa tokko tapha kubbaa harkaa keessatti badii daqiiqaa lamaa kennisiisudha.

A. Hayyama murteessaa malee dirree galuu

B. Kubbaa qabatanii tarkaanfii sadii ol deemuu

C. Kubbaa lukaan dhaabuu

D. Ittii yaadanii yeroo gubuuf yaaluu

49. Tapha aadaa Ispoortii Itiyoophiyaa ilaalchisee kan sirrii ta'e kami?

A. Seera waaltawaa ni qaba

B. Tapha aadaa kalaquun ni danda'ama

C. Taphni aadaa hanga tapha ammayyaa hawaasaaf bu'aa hin qabu.

D. Tapha aadaa fooyyessuun itti fayyadamuun hin danda'amu.

50. Akka seera IAAFti ulfaatinni eeboo dhiiraaf dubaraaf walduraa duubaan meeqa?

A. 726gm fi 400gm C. 7.28kg fi 4kg

B. 4000gmfi 7260gm D. A fi C

51. Yeroo jalqabaaf biyyoonni waancaa CAF irratti hirmaataanii taphatan meeqa turan?

A. 3 B.5 C. 6 D. 4 E. Deebiin hin jiru

52. Kanneen armaan gadii keessaa seera tapha kubbaa miilaa keessatti gahee murteessaa 1^{ffaa} kan **hin** tane kami?

A. Firinbii afuufuun tapha jalqabsiisuu

B. Jijjiirraa taphattootaa galmeessuu

C. Yeroo qisaasa'e dabaluu

D. Jijjiirraa taphattootaa eeyyamuu

53. Akka seera tapha kubbaa miilaatti seera rukuttaa adabbii dhumaa /peenaaliitii/ ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?

A. Kubbaa gara boodaatti rukutuun ni danda'ama

B. Galii eegaan sarara galii irra dhaabbachuun dirqama miti.

C. Taphataan adabbicha rukute kubbaan utubaa rukuttee deebite deebisee rukutuun galchuu ni danda'a

D. Fageenya 11m irraatii rukutama

54. Kanneen armaan gadii keessaa tokko shamarran qofaatu keessatti hirmaata.

A. Jimnaastikii ispoortii
B. Jimnaastikii ritimikii
C. Jimnaastikii qophaayinaa
D. Jimnaastikii bu'uuraa

55. Barattoota qaro-dhabeeyyii yeroo sochiirratti hirmaachisnu funyoo kan hin barbanne isa kami?

A. Fiigicha dheeraa
B. Fiigicha gabaabaa
C. Fiigicha giddu galeessaa
D. Kubbaa miilaa

56. Dadhabbiilee armaan gadii keessaa malli baruu-barsiisuu irra caalaa of eeggannodhaan gurmaa'uu barbaadu kami?

A. Midhama qaroo
B. Sal'essa sammuu
C. Midhama dhageettii
D. Mudaa qaamaa

57. Akka seeraatti taphni kubbaa harkaa murteesitoota 1ffaa aangoo walqixa qaban meeqa qaba?

A. 6
B. 3
C. 4
D. 2

58. Gosti taphaa qindaawaa ta'ee seeraafi heera qabu maal jedhamee waamama?

A/ Barnoota Guddinaafi Jaabeenya Qaamaa
B/ Bashannana
C/ Ispoortii
D/ Taphachuu

59. Darbannaa waqaraa barsiisuuf malli barattoota daree qindeessuuf baay'ee mijataa ta'e kami?

A/ Geengoo
B/ Rog-sadee
C/ Walakkaa geengoo
D/ Iskuweerii

60. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu gosa ispoortii tooraa miti?

A/ Maraatoonii
B/ Fiigicha 100m
C/ Fiigicha 3000m
D/Fiigicha 10000m

61. Waldorgommii ulee walii kennuu keessatti bakki ulee atileetii garee ofiitiif kennan_____ jedhama.

A/ Zoonii ulee
B/ Zoonii fiigichaa
C/ Zoonii mukaa
D/ Zoonii ulee waljijjiirraa

62. Fiigicha gabaabaa jalqabuuf ajajni 1ffaan maali?

A/ Jalqabi C/ Bakkatti

B/ Qophaa'i D/ Shugguxii dhukaasuu

63. Namni sochii jiminaastikii keessatti bifa idilee ta'een hirmaatu _____ jedhama

A/ Jiminaastii C/ Dursaa garee

B/ Ajajaa (captain) D/ Liibroo

64. Jiminaastikii ilaalchisee kanneen armaan gadii keessaa kamtu sirrii miti?

A/ Addunyaa irratti ispoortii beekamaa dha

B/ Umrii hundumaa ni hirmaachisa

C/ Dhiiraafi shamarraniin ni taphatama

D/ Waldorgommii ispoortii caalaa leenjii waraanaaf ni oola

65. Kanneen armaan gadii keessaa tokko irraa kan hafe hundumtuu sochiilee jiminaastikiitiin ni dagaagu

A/ Jabeenya maashaa C/ Olka'iinsa dhiibbaa dhiigaa

B/ Ofitti amanamummaa D/ Bareedina dhaabbii qaamaa

66. Gosa taphoota kubbaa keessaa kan taphataan tokko bakka isaaf kenname qofa keessa taphachuu qabu isa kami?

A/ Kubbaa miillaa C/ Kubbaa saaphanaa

B/ Kubbaa Harkaa D/ Kubbaa kachoo

67. Sochii dalagamu tokko dura faayidaan qaama ho'ifachuu maali?

A/ Dadacha'iinsa qaamaa fooyyesuu C/ Tempireechara dhiigaa xiqqeesuu

B/ Tempireechara qaamaa xiqqeessuu D/ Dhikkisa ykn rukuttaa onnee xiqqeesuu

68. Yeroo boqonnaa ykn hojiin alaa sirriitti itti fayyadamuun maal ibsa?

A/ Taphachuu C/ Waldorgommii

B/ Tapha D/ Bashannana

69. Gosi niwutireentii nyaataa dagaagina qaamaa fiduuf guddina seelota qaamaaf barbaachisu isa kami?

A/ Pirootiinii C/ Albuuda

B/ Kaarbohaayidireetii D/ Cooma

70. Akka Dhaabbata Fayyaa Addunyaatti hiika 'fayyaa' jedhu ilaalchisee kanneen armaan gadii keessaa himni **sirrii** ta'e kami?

A/ Guutummaatti dhukkuba dhabuu

B/ Fayyummaa qaamaa, sammuu, hawaasummaafi dhukkuba dhabuu

C/ Dhukkuba busaa irraa bilisa ta'uu

D/ Yeroo boqonnaa sirriitti itti fayyadamuu

71. Kubbaa qila'uu kubbaa saaphanaaf yoo jenne; kubbaa yeroo jalqabaaf dhiitamu_____f jenna.

A/ Kubbaa harkaa C/ Kubbaa miillaa

B/ Kubbaa kachoo D/ Bunyaa

72. Kanneen armaan gadii keessaa malli dagaagina onneefi sombaa (cardiovascular endurance) safaruuf mijataa ta'e kami?

A/ Mala yaalii 'Sit and reach' C/ Mala yaalii 'skin fold'

B/ Mala yaalii 'body mass index' D/ Mala yaalii 'cooper 12 minute run'

73. Yeroon tapha idilee ispoortii aadaa qillee meeqa?

A/ Daqiiqaa 40 C/ Daqiiqaa 80

B/ Daqiiqaa 60 D/ Daqiiqaa 100

74. Kanneen armaan gadii keessaa sochii eeroobikii ilaalchisee kamtu sirriidha?

A/ Yeroo boqonnaa dheeraafi dalagaa suuta qabu

B/ Yeroo boqonnaa gabaabaafi dalagaa suuta qabu

C/ Yeroo boqonnaa dheeraafi dalagaa ariitii qabu

D/ Yeroo boqonnaa gabaabaafi dalagaa ariitii qabu

75. Naamusa ispoortii keessatti kanneen armaan gadii keessaa tooftaa (mala) balaa ofirraa ittisuu kan hin taane kami?

A/ Balaa dhufuu danda'u xiqqeessuu

B/ Balaa beekuufi balaa inni geessisuu irraa of qusachuu

C/ Yoo balaan namarra ga'uuf jedhu of oolchuuf dandeettii ittisuu fayyadamuu

D/ Meeshaa fayyadamuun nama balaa uumuuf jedhu miidhuu

76. Taphootni qindaawoo ta'anii seeraafi heera dhaabbataa bakkaa bakkatti garaagarummaa hin qabaanne _____dha.

A/ Taphoota aadaa C/ Taphoota ispoortii gurguddoo

B/Taphoota shaakalaa D/Taphoota xixiqqoo

77. Kanneen armaan gadii keessaa tokko amala taphaa **miti**

A/ Morkii sammuu ykn qaamaa ta'uu

B/ Umrii hundumaaf kan mijatu miti

C/ Amala waldorgommii qabu

D/ Walitti dhufeenya hawaasummaaf bu'a qabeessa

78. Tapha kubbaa saaphanaa keessatti gochi saaphanaa olitti taphataan sarara fuulduraa humna guddaadhaan gara gadiitti/lafaatti kubbaa dhahuu maal jedhama?

A/ Ittisuu C/ Gowwoomsuu

B/ Rukutuu D/ Olkaasuu

79. Kanneen armaan gadii keessaa tokko ispoortii garee keessatti ramadama;

A/ Utaalcha (jump) C/ Deemsa (walk)

B/ Darbannaa (throw) D/ Ulee walii kennuu (Relay)

80. Gootichi atileetii Olompikii Roomirratti miilla qullaan fiigee Maraatonii injifate eenyu?

A/ Maammoo Waldee C/ Haayilee G/Sillaasee

B/ Gazzaahinyi Abarraa D/ Abbabaa Biqilaa

81. Gosi nyaataa yeroo sochii hatattamaatiif madda anniisaa ta'u isa kami?

A/ Kaarboohaayidireetii C/ Pirootinii

B/ Cooma D/ Vitaaminii

82. Kanneen armaan gadii keessaa himni dhugaa ta'e kami?

A/ Sochiin qaamaa idilaawaan jireenya mijataa ni fida

B/ Sochiin qaamaa idilaawaan dhibee sukkaraa ni dabala

C/ Sochiin qaamaa hir'ina qaamaa ni fida

D/ Sochiin qaamaa fedhii nyaataa ni hir'isa

83. Yeroon idilee tapha kubbaa kachoof kennamu meeqa?

A/ Sa'a tokko C/ Daqiiqaa 50

B/ Daqiiqaa 90 D/ Daqiiqaa 40

84. Kanneen armaan gadii keessaa taphoota Olompikii keessattuu Federeeshiniin Ispoortii Itoophiyaa hamma tokko bu'a qabeessa kan ittiin ta'e kami?

A/ Federeeshinii Ispoortiifi aadaa C/ Federeeshinii Baaysikilii

B/ Federeeshinii kubbaa miillaa D/ Federeeshinii atileetiksii

85. Gosi kottoonfannaa maashaa sochii dalagamaa jiru keessatti maashaan si'ataa ta'ee dheerachuufi gabaabbachuu hin qabaanne ykn sochii maashaa dhaabbataa maal jedhama?

A/ Kottoonfannaa ayisootoonikii C/ kottoonfannaa issentirikii

B/ Kottoonfannaa ayisookineetikii D/ kottoonfannaa ayisoomeetirikii

86. Kanneen armaan gadii keessaa tokko miidhaa ispoortii fiduuf sababa miti

A/ Sababoota naannoon walqabatan C/ Sadarkaa ga'umsaa

B/ Meeshaaleefi leecalloo D/ Fedha atileetii

87. Kanneen armaan gadii keessaa tokko tapha kubbaa harkaa keessatti **dhorkaadha**
A/ Osoo hin firiccisiisin kubbaa qabatanii tarkaanfii sadi qofa fudhachuu
B/ Yoo baay'ate sekoondii sadiif kubbaa qabatanii turuu
C/ Harka lamaan walduukaa firiccisiisuu
D/ Utuu hin utaalin kubbaa gara galiitti darbachuu

88. Miidhamni erga mudateen booda yaalii duraa (first aid) keessatti 'RICE' maali?
A/ Remove-Injured-Cooldown- Esteem
C/ Rest-Ice- Compression-Elevation
B/ Resonse- Immunity- Communication-End
D/ Reset- Injured-Communication-End

89. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu amala hinbarbaachisneedha?
A/ Jimaa/Caatii qama'uu
C/ Mala jireenya gaarii ta'e filachuu
B/ Hirriba ga'aa argachuu
D/ Nyaata madaalawaa nyaachuu

90. Kanneen armaan gadii keessaa tokko amala nama ispoortii **hin**dalagneeti
A/ Uffata ispoortii sirrii ta'e uffachuu
C/ Sochii dura qulqullaa'u
B/ Sochiin dura qaama ho'ifachuu
D/ Sochii dalaguu sodaachuu

91. Kanneen armaan gadii keessaa_____ irraa **kan hafe** hundumtuu faayidaa sochii qaamaa idilaawaadha.
A/ Balaa du'aa dabaluu
B/Jireenya fayyaa guutuu qabu fooyyessuu
C/ Ulfaatina qaamaa to'achuu
D/ Dalaga qindoomina qaamaafi sammuu dagaagsuu

92. Ofeeggannoo sochii qaamaa ilaalchisee **soba** kan ta'e addaan baasi
A/ Sochiilee dadacha'iinsaa sochii tokko duraafi booda dalaguu
B/ Sochii tokko fuuldura sakatta'iinsa qaamaa gaggeessuu
C/ Nyaata quufamee jiru irratti sochii dalaguu
D/ Huccuu sochiif barbaachisu sirriitti fayyadamuu

93. Tapha kubbaa saaphanaa keessatti gareen lamaan tapha marsaa tokkoo keessatti yoo qabxiin 24'n walqixxee ta'an, taphni kan itti fufu hanga gareen tokko meeqa ga'utti?
A/ Garaagarummaa qabxii tokkoo
C/ Garaagarummaa qabxii sadii
B/ Garaagarummaa qabxii shanii
D/ Garaagarummaa qabxii lamaa

94. Kanneen armaan gadii keessaa tokko ga'uumsa motoorii irratti dhiibbaa hin qabu.
A. Fiiziyoolojii.
C. kaka'uumsa
B. Umurii
D. Halluu gogaa

95. Meeshaalee armaan gadii keessaa kan saalaan hin daangofne kam?
A. Dirree tapha kubbaa saaphanaa.

B. Ulfaatina beeddee

C. Ulfaatina waqaraa

D. Ol dheerina saaphana kubbaa saaphanaa

96. Umurii baayilojikaalaa armaan gadii keessaa daa'imman giddu galeessaan dandeettii bu'uuraa qabachuu, dhiitu fi hubuu dagaagfatu

A. 13-15 C. 7-11

B. 11-13 D. 16-17

97. Seera tapha kubbaa kachoo fi kubbaa saaphanaa yoo wal bira qabnu isaan armaan gadii keessaa tokko sirrii miti.

A. Inni jalqabaa baayina taphattootaan kan lammaffaa ni caala

B. Kan lammaffaa yeroodhaan hin daanga'u.

C. Seerri sakandii kan jalqabaa keessatti hojiirra oola.

D. Libroon kan jalqabaa irra kan lammaffaa keessatti hojiirra oola .

98. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu maashaafi lafee walitti qabsiisa?

A. Morgaa (kaartilejii) C. Ribuu (tendon)

B. ligaamentii D. Tuta kirrii maashaa

99. Kanneen armaan gadii keessaa buusaan sochii kallattii tokko qofaa taasisu kami?

A. Buusaa jilbaa C. Buusaa ciqilee

B. Buusaa luqqeettuu D. "A" fi "B"n deebii dha

100. Shaakala qaamaa dalaguun onnee irratti jijjiirama maal fida?

A. Dhikkifanni onnee ni hir'ata C. Qabeen onnee ni dabala

B. Oksijiinii seelii dhiigaa keessatti ni dabala D. Hunduu deebiidha

101. Garaagarummaa bu'uuraa ga'umsa qaamaa dandeettiin wal qabatuufi ga'uumsa qaamaa fayyummaan walqabatu kan ta'e kami?

A. Kan jalqabaa atileetota biratti caalmaatti mul'ata.

B. Ga'uumsi fayyummaan wal qabatu kan dandeettiin walqabatutti aanuudhaan fooyya'a.

C. Lamaanuu komponaantoota ga'uumsaa walfakkaataa qabu.

D. Jabeenyi irree kompoonantii ga'uumsa qaamaa dandeettiin walqabateedha.

102. Bu'aan fiigicha 100m irratti galmeessan: Abbabaa 11sec, Ayyalaa 12sec, Kabbada 10sec, Idiriis 13sec yoo ta'e, ga'uumsa gaarii kan agarsiise eenyu?

A. Abbabaa C. Kabbadaa

B. Ayyalaa D. Idiriis

103. Kanneen armaan gadii keessaa hanqina ijaarsa qaamaa kan hin taane kam?

A. Kaayiifoosisii
C. Iskooliyoosisii
B. Loordoosisii
D. Jimnaasti

104. Kanneen armaan gadii keessaa fayyaa namaa kan miidhu ta'ee kan too'atamuu hin dandeenye kami?
A. Haala jireenyaa sosochii of keessaa hin qabne
B. Dhangaa fayyaa namaa miidhu
C. Sanyii
D. Ulfaatina qaamaa garmalee

105. Miidhamni uumamee hordoffii hatattamaa taasisudhaan dhiigni akka dhaabbatu gochuun sa'aatii meeqa keessatti raawwatama
A. Sa'aatii 0-24
C. Sa'aati24-48
B. Sa'aati48-72
D. Sa'aati72 fi isaa ol

106. Gosa ispoortii armaan gadii keessaa miidhamni cimaan isa kam keessatti nama mudachuu danda'a?
A. Buunyaa
C. Kubbaa kachoo
B. Kubbaa miilaa
D. Hunduu deebiidha

107. Madaan afaan hinbannee (Bruises) yoo barataa mudatee gargaarsi jalqabaa nuti gochuu qabnu maali?
A. Dhidhiibuu
C. Bishaan qabbana'aa irratti naquu
B. Hidhuu
D. Bishaan ho'aa keessa kaa'uu

108. Amalli barsiisaa barnoota GJQ irraa hin eegamne kami?
A. Uffannaa ispoortii uffachuu
B. Meeshaalee barnootaa dirree irratti dhiisanii deemuu
C. Barattoota waliin walitti dhufeenya gaarii uumuu
D. Meeshaalee suphaa barbaadan yeroon suphisiisuu

109. Tapha waliif yaadaa taphachuu /fair play/ guddisuufi eeguu wajjiin walqabatee amaloota armaan gadii keessaa sirrii kan hintaane kami?
A. Amanamuummaa
C. Wal gargaaruu
B. Kan biraa kabajuu
D. Seeraaf bitamuu dhiisuu

110. Ulfaatinni qaama Yaadasaa 60kg, dheerinni isaa ammoo 1.70m yoo ta'e bodii maas indeeksii (BMI) isaa shallagi.
A. 18.21
C. 20.76
B. 18.12
D. 22.6

111. Sochiilee ispoortii armaan gadii keessaa kan Itoophiyaa qofa keessatti beekamu isa kami?

A. Daartii
C. Shaah
B. Cheesii
D. Golfi

112. Tapha aadaa Itoophiyaa keessatti taphatamu keessaa gosti taphaa taphattoota 10niin taphatamu kami?

A. Saddeeqa
C. korboo
B. Qillee
D. Waldhaansoo

113. Ga'ee miseensota garee ispoortii aadaa korboo kan hintaane isa kami?

A. keessa koorboo waranuun dhaabuu
C. Korboo baatanii fiiguu
B. Korboo konkolaachisuu
D. Deebiin hinkennamne

114. Meeshaalee taphaa armaan gadii keessaa tapha qilleetif kan oolu kami?

A. Ulee
C. Dhagaa
B. ijoo (rur)
D. A fi Bn deebidha

115. Ispoortii aadaa Itoophiyaa armaan gadii keessaa meeshaafi teekinikni qabannaa isaa kan eeboo darbannaa walin walfakkaatu kami?

A. Saddeeqa
C. Korboo
B. Qillee
D. Wal'aansoo

116. Marsaan waldorgommii waliigalaa tapha ispoortii aadaa wal'aansoo meeqa?

A. 2
C. 4
B. 3
D. 5

117. Kanneen armaan gadii keessaa amala taphoota xixiiqqaa kan hin taane kam?

A. Seerrii fi heerri taphichaa bakka hundatti waltaawaadha.
B. Taphichi ofumaa isaatii miidhaa ispoortii ni xinneessa.
C. Meeshaaleen taphichaa bakka hundatti wal hin fakkaatu
D. Sosocho'iinsa daa'imanii dagaagsuu keessatti faayidaa guddaa qaba.

118. Ispoortii aadaa ilaalchisee sirrii kan hin taane isa kami?

A. Galma ni qaba
B. Seera taphaa ni qaba
C. Moo'aa fi moo'atamaan hin beekamu
D. Meeshaalee naannoo irraa argamantti fayyadamuun ni danda'ama

119. Taphni kubbaa saaphanaa yeroo jalqabaa mal jedhamee wamamaa ture?

A. Net bool
C. Voolii bool
B. Minoo neet
D. Haand bool

120. Akaakuu ramaddii /tornaamentii/ sagantaa waldorgommii armaan gadii keessaa garee baayee walitti fiduun dorgomsiisuun yeroo gabaabaa keessatti moo'ataa argachuuf gaarii kan ta'e kami?

A. Ramaddii tapha marsaa
B. liigii
C. Gatanii darbuu
D. Ramaddii bu'uu fi ba'uu

121. Dandeettii bu'uuraa tapha kubbaa miilaa ta'ee tapha kubbaa saaphanaa keessatti kan itti fayyadamuu kan dandeenyu isa kami?

A. Galii eeguu
B. kubbaa oofuu/gangalchuu
C. kubbaa addaan dha'uu
D. Kubbaa to'achuu

122. Tapha kubbaa miillaa keessatti yoo kubbaan karaa sarara cinaa/dalgee taphataa tokkoon gara alaatti baate akkaataan kubbaan deebitee tapha keessa ooltu isa kamtu ibsa?

A. Rukuttaa suuqqaa
B. Darbannaa harkaa
C. Rukuttaa adabbii
D. Deebiin hinkennamne

123. Taphoota kubbaawwanii armaan gadii keessaa seera yeroo taphaa ilaalchisee adda kanta'e isa kami?

A. Kubbaa miilaa
B. Kubbaa kachoo
C. Kubbaa Saaphanaa
D. kubbaa harkaa

124. Safartiin dirree kubaa harkaa idil-Addunyaa meeqa?

A. 15mx28m
B. 20mx40m
C. 9mx18m
D. 14mx26m

125. Seerri sakandii 8 tapha kubbaa kachoo keessatti maal ibsa?

A. Gareen kubbaa qabate sakandii kana keessatti kachootti yaaluu akka qabu.
B. Gareen kubbaa qabate sakandii kana keessatti kubbaa walii kennuu akka qabu.
C. Gareen kubbaa qabate sakandii kana keessatti dirree walakkaa ce'uu akka qabu.
D. Gareen kubbaa qabate bakka turuu hin qabne dhiisee akka ba'u.

126. Inni tokko fageenya fiigicha danqaraa dhiiraa qofa ilaallata.

A. 100m
B. 110m
C. 400m
D. 800m

127. Fageenyi sirriin hin ka'amiin isa kami?

A. Maraatoonii 42.195km
B. Fageenya fiigicha gidduugaleessa 800m-3000m
C. Fageenya fiigicha dheeraa 5000m ol
D. Fageenya fiigicha gabaabaa 100m-800m

128. Kanneen armaan gadii keessaa dalaga dirree kan hin taane isa kami?

A. Darbannaa waqaraa
B. Fiigicha
C. Darbannaa burruusaa
D. Darbannaa beeddee

129. Tiraakiin ykn toorri fiigichaa marsaa guutuun 400m ta'e dheerinni toora qajeelaa tokkoo meeqa?

A. 36.50m
C. 84.39m
B. 107m
D. 69.74m

130. Kanneen armaan gadii keessaa meeshaalee jimnaastikii keessatti kan hin hammatamne kam?

A. Ulee baal lamee
C. Eeboo
B. Ulee dalgee
D. Barcumaa madaalaa

131. Kanneen armaan gadii keessaa raawwii shaakala yeroo baayee kan agarsiisu kam?

A. Irra deddeebii
C. Fageenya
B. Cimina sochii
D. Yeroo

132. Qophiin barataan fedhiifi kaka'umsa gaarii itti agarsiisu maali?

A. Qophii qaamaa
C. Qophii xiin-sammuu
B. Qophii qindoominaa
D. Qophii qaamaafi sammuu

133. Maloota utaalcha olii ittiin utaalan keessaa mala durii ykn mala moofaa jedhamee kan waamamu kami?

A. Mala utaalcha qaxaamuraa
C. Mala utaalcha istiraadilii
B. Mala utaalcha weestarni roolii
D. Deebiin hinkennamne

134. Gosni mitikka iddoo lafeen lamaaf lamaa olii walqabatan gidduutti argamu isa kami?

A. Saayinooviyaalii
C. Fibiruusii
B. Kaartileejinuwoosii
D. Mitikka rarra'aa

135. Kanniin armaan gadii keessaa dagaagina qaamaatiif (motora) gahee olaanaa kan qabu kami?

A. Barnoota
C. Daawwannaa
B. Bilchina sammuu
D. naannoo

136. Waa'ee jimnaastikii ilaalchiisee hima dogongora qabu keessaa filadhu.

A. Jimnaastikiin meeshaa meeshaatti gargaaramuun hojiirra oola.
B. Fuulduratti garagaluun jimnaastikii meeshaa malee jedhamee fudhatamuu danda'a.
C. Uleen baal-tokkee/dalgee/ jimnaastikii meeshaa hin jedhamu
D. Boodatti garagaluun jimnaastikii bu'uuraati.

137. Atileetiin tokko shaakala sochii qaamaa itti baruu dadhabuu fi shaakaluu jibbaa dhufuun isaa rakkoo maalii qabaachuu agarsiisa.

A. Meeshaa gahaa
B. Ga'uumsa baayoomakaanikaalaa

C. Qophaa'ina sammuu D. Dandeettii qaama

138. ObboTolaan daqiiqaa tokko keessatti push-aappii diigdama yoo hojjate jabeenyi irree harkaa fi gateettii isaanii _____ jechuu nama dandeessisa.

A. Baayeegaariidha C. Baayeegadaanaa

B. Gaariidha D. Gadaanaadha

139. Hanqinni jabeenya lafee _____ jedhama

A/ Olka'iinsa dhiibbaa dhiigaa C/ Osteyooporoosis

B/ Sukkaara D/ Kalee

140. Taphni kubbaa miillaa yeroo gaggeffamu gareen moo'e qabxii meeqa argata?

A. Tokko C. Sadii

B. Lama D. Afur

Kutaa II Gaaffilee Mala Baruu-Barsiisuu(141-200)

141. Karoora barannoo/guyyaa/ yeroo baaftu qaama ho'ifachuu barattootaa kutaa karooraa isa kam keessatti ibsita?

A. Dhiyeessii C. Seensa

B. Cimsuu D. Madaallii

142. Barsiisaan barnoota guddinaa fi jabeenya qaamaa barattoota isaa dirreetti bobbaasee qaama erga ho'ifatanii booda sochii hojachiisuuf gochaan inni duraa maal ta'a?

A. Qabiyyee guyyaa sanaa akka hojjatan godha

B. Barannoo guyyaa sanaa hojjatee agarsiisa

C. Akka waan barbaadan hojjatan godha.

D. Deebiin hin kennamne

143. Barnoota guddinaa fi jabeenya qaamaa barsiisuuf seer-bu'uura dhuunfaatti fayyadamuun maaliif barbaachise?

A. Sadarkaan fayyummaa barattootaa tokko waan hintaaneef

B. Sadarkaan ga'umsa isaanii tokko waan hintaaneef

C. Walitti makuun barsiisuun barbaachisaa waan hintaaneef

D. A fi B

144. Barattootni shaakalaan yeroo baratan wanti isaan gochuu qaban maali?

A. Akka ofii barbaadanitti hojjachuu

B. Uffannaa barbaadan uffachuu

C. Yeroo barsiisaan ilaaluun qofa hojjachuu

D. Haala ajajamaniin shaakaluu

145. Xumura shaakalaa irratti qaama qabbaneessuf sochii nuti fayyadamuu hin qabne kami?

A. Sussuka

B. Hiixannaa

C. Fiigicha ariiti

D. Deemsa suutaa

146. Dirree irratti hiriirsitee yeroo sochii qaamaa barsiisuuf jettu barattoonni fuula isaanii kallattii kamitti garagalchanii dhaabbachuu qabu?

A. Kallattii bahaa

B. Kallattii lixaa

C. Kallattii aduun fuula barattootaatti hin baanetti

D. Kallattii kibbaa

147. Garaagarummaa barattoota gidduu jiru hubachuun, barsiisaan guddinaa fi jabeenya qaamaa seer bu'uuraalee baruu-barsiisuu jiran keessaa kamitti fayyadamuu qaba?

A. Seer-bu'uuraalee walitti fufaa

B. Seer-bu'uuraalee dhuunfaa

C. Seer-bu'uuraalee ilaaluufi agarsiisuu

D. Seer-bu'uuraalee jijjiiramaa

148. Kanneen armaan gadii keessaa sirriitti barsiisuu danda'uu kan ibsu isa kami?

A. Dandeettiin barattootaa akka ifatti mul'atu deggersa gochuu

B. Kallattii barattootatti agarsiisuu

C. Yeroo hunda barattoonni gareen akka hojjatan gochuu

D. A fi B

149. Adeemsa karoorsuu keessatti gaaffilee bu'uuraa beekaman keessaa kan kaayyoo barnoota sanaa murteessuu/ibsu isa kami?

A. Eenyuunan barsiisa

B. Maaliifan barsiisa

C. Maalan Barsiisa

D. Akkamittan barsiisa

150. Qindoomina mala buufataatiin shaakala barsiisuu keessatti gahee barsiisaa kan ta'e isa kami?

A. Buufatarra naanna'uun duub deebii kennuu

B. Dogoggora mul'ate sirreessuu

C. Garee hingalleef irra deebi'anii itti agarsiisuu

D. Hunduu deebiidha

151. Faayidaa madaallii barnootaa kan hin taane isa kami?

A. Gochaalee barnootaa fooyyesuuf

B. Isa fuulduraaf karoorsuuf

C. Barattoota kuffisuufi dabarsuuf

D. Sadarkaa hubannoo barattootaa addaan baasanii beekuuf

152. Madaallii taphoota kubbaa ykn sochii gaggeesuu ilaalchisee sirrii kan hin taane isa kami?

A. Wanta baratan qofa irratti madaallii gaggeessuu

B. Dursa madaallii hiriyyaa akka gaggeessan gochuu

C. Altokkotti wantoota garaagaraa madaaluu

D. Wanta madaallu qofa irratti xiyyeeffachuu

153. Qabiyyeen barnoota guddinaa fi jabeenya qaamaa yeroo qophaa'u kan inni irratti hundaa'uu qabuu

A. Kaayyoo

B. Malabaruu – barsiisuu

C. Baayina barattootaa

D. Dandeettii barsiisaa

154. Isaan armaan gadii keessaa tokko hiika mala baruu barsiisuuti

A. Qabiyyee baratamu kutaa seenuun barattootatti himuu

B. Tooftaa qabiyyee barnootaa tokko bifa salphaa ta'een sammuu baratootaa keessatti kalaquu

C. Tooftaa dhamaatii barsiisaa salphisuuti

D. Tooftaa ittiin barattoota ciccimoo gargaaraniidha.

155. Kanneen armaan gadii keessaa tokko jecha jijjiiramni kaayyoo gooree ittiin ibsamuu dha.

A. Ni hubatu

B. Ni beeku

C. Ni ibsu

D. Hunduu sirriidha

156. Kanneen armaan gadii keessaa tokko qabiyyee barnoota GJQ barsiisuuf gargaara.

A. Mala ajajaan barsiisuu

B. Mala ibsaan barsiisuu

C. Mala fakkeessanii agarsiisuun barsiisuu

D. Hunduu deebii sirrii dha.

157. Kanneen armaan gadii keessaa tokko mala barattoota hirmaachisaa fi gammachiisaa barsiisuuf gargaaru miti.

A. Mala doowiin barsiisuu

B. Mala ibsaan barsiisuu

C. Mala taphaan barsiisuu
D. Mala fakkeessuun barsiisuu

158. Kanneen armaan gadii keessaa tokko faayidaa iyyaafanooti
   A. Kaayyoon qabiyyichaa galma ga'uu fi dhiisuu hubachiisa
   B. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti jabinaa fi laafina jiru addaan baasa
   C. Beekumsa barataan duraan qabu madaaluuf gargaara.
   D. Hunduu sirriidha.

159. Baldhaa irraa gara dhiphaatti yoo deemu tartiibni sirriin kami?
   A. Yaalii , battallee, qormaata
   C. Battallee , qormaata ,yaalii
   B. Battallee, yaalii , qormaata
   D. Qormaata, battalee, yaalii

160. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti hanga raawwii gocha barataa laakkoofsaan kaa'uun ibsuun kan agarsiisu
   A. Safarrii
   C. Iyyaafannoo
   B. Yaalii
   D. Madaallii

161. Akaakuu teessumaa keessaa sochii barattootaa to'achuuf irra caalaa mijataa kan ta'e kami?
   A. Taa'umsa tooraa
   C. Taa'umsa boolla kottee fardaa
   B. Taa'umsa garee xinnaa
   D. Taa'umsa boca geengoo

162. Kanneen armaan gadii keessaa sababa jeequmsa daree barattootaa ta'uu kan hin dandeenye isa kami?
   A. Haala barsiisaa
   C. Haala barataa
   B. Haala maatii
   D. Qabiyee seeraan qophaa'e

163. Mala baruu barsiisuu keessaa qabiyyee barnoota guddinaafi jabeenya qaamaa gochaa barsiisuuf irra caalaa filatamaa kan ta'e kami?
   A. Mala gahee taphachuu
   C. Mala hojjatanii agarsiisuu
   B. Mala agaree
   D. Mala doowii

164. Kanneen armaan gadii keessaa tokko meeshaalee barumsaa qopheessuuf dursa wanta beekamuu qabuudha.
   A. Qabiyyee kamiif akka fayyadu
   C. Maal irraa akka qophaa'u
   B. Akkaataa itti qophaa'u
   D. Hunda

165. Malli barattoonni wanta duraan beekan irraa ka'uun waa uumuun kan mataa isaaniin itti dabalanii akka hojjetan gochuun barsiisuu _____dha
   A. Mala hojjetanii agarsiisuun barsiisuu
   B. Mala fakkeessanii hojjechuun barsiisuu
   C. Mala Iyyaafannoon barsiisuu
   D. Mala daawwiin barsiisuu

166. Sochii qaamaa dirree irratti yeroo hojjechiifnu fiiguun utubaa kubbaa miilaa tuqii deeebi'i yoo jenne malli kun mala maaliiti:

A. Ajaja
B. Dawwannaa
C. Tapha
D. Hojjetanii agarsiisuu

167. Kaayyoon barnootaa maal irratti hundaa'ee bu'uureffama?

A. Imaammata barnootaa
B. Diinagdee biyya sanaa
C. Jiruu fi jireenya hawaasaa
D. Hunduu sirriidha

168. Kaayyoo B.G.J.Q. keessaa namni sochii ispoortii keessatti hirmaatu tasgabbii, obsaa fi sansaka gaarii akka qabaatu godha kan jedhu kan ibsu

A. Dagaagina qaamaa
B. Dagaagina currisaa
C. Dagaagina ogummaa
D. Deebii hinqabu

169. Kanneen armaan gadii keessaa tokko iyyaafannoon kan gaggeeffamuu miti.

A. Qabiyyeen barnootaa dhiyaate mijataa ta'uu fi dhiisuu isa addaan baafachuuf
B. Malleen barumsi ittiin kennamaa ture quubsaa ta'uufi dhiisuu isaa beekuuf
C. Barattoota kuffiisuu
D. Dandeettii barattootaa addaan baasanii beekuufi deeggarsa gochuuf

170. Dandeettiin odeeffannoo sammuurraa gara maashaaleetti dabarsuu maali?

A/ Hojjechuu
B/ Dhaamsa deebisuu
C/ Dhaamsa geessuu (hubannoo)
D/ Walbaruu

171. Kanneen armaan gadii keessaa mala dandeettii sochii qaamaa barachuuf bu'aa xiqqaa/gadaanaa kan qabu isa kami?

A/ Dogoggoraafi deddeebi'uun yaaluu
B/ Nama cimaa sirriitti beekurraa ilaaluu dalaguu
C/ Shaakala cimaa gochuu
D/ Maanuwaalii Leenjii dubbisuun dalaguu

172. Sadarkaalee baruufi barsiisuu keessatti sadarkaa barsiisaan barattoota akka dheerina isaaniitti qindeessu, fayyummaafi haala uffataa itti mirkaneeffatu kami?

A/ Barannoo ijoo keessatti
B/ Barannoo seensaa keessatti
C/ Barannoo guduunfaa kessatti
D/ Barannoo seensaa daree barnootaa keessatti

173. Sadarkaan adeemsa raawwii sochii ibsuudhaan yaad-rimee ykn hubannoo dandeettii guddifachuu isa kami?

A/ Dandeettii barbaadame bira ga'uu (autonomous)

B/ Dandeettii sirriitti dalaguu (perfection)

C/ Dandeettii qabannaa (fixation)

D/ Dandeettii beekumsaa/hubannoo (Cognitive)

174. Barnoota guddinaafi jabeenya qaamaa keessatti tokko malee kanneen hafan qabiyyeen kan irratti hundaa'ee qophaa'uudha.

A/ Kaayyoo barannoo C/ Fedha hooggantootaa mana barnootaa

B/ Sadarkaa barataa D/ Yeroo qabaachuu

175. Adeemsa barsiisuu keessatti kan barsiisaan barataatti himuun/agarsiisuun kallattii dhumaa dalagaa isaanii hordofuufi raawwii isaanii madaaluun_____ jedhama.

A/ Mala Ajajaan barsiisuu C/ Mala shaakalaan barsiisuu

B/ Mala kallattiin barsiisuu D/ Mala barsiisuu walsimataa

176. Kanneen armaan gadii keessaa tokko amala waliigalaa barannoo barnoota Guddinaafi Jabeenya Qaamaa **miti**

A/ Yeroo murtaawaa hinqabu C/ Sagantaa dhaabbataa qaba

B/ Ogeessota/barsiisotaan kennama D/ Imaammatarratti hundaa'ee qophaa'a

177. Waldanda'uu, walgargaaruufi miira hawwataa namoota biroo waliin horachuun murna barnootaa kam jalatti ramadama?

A/ Yaad-sammuu C/ Qaam-sammuu

B/ Ilaalcha D/ Saayikoo- hawaasummaa

178. Dandeettiin waa'ee faayidaa yaad-rimee tokkoo murtiirra ga'uu maal jedhama?

A/ Madaallii C/ Xiinxaluu

B/ Iyyaafannoo D/ Hubannoo waliigalaa

179. Kanneen armaan gadii keessaa yeroo shaakalliin barnoota Guddinaafi Jabeenya qaamaa gaggeeffamu tartiibni sirrii ta'e isa kami?

A/ Qaama Ho'ifachuu—Barannoo Ijoo—Qaama Qabbaneessuu

B/ Barannoo Ijoo--Qaama Qabbaneessuu—Qaama Ho'ifachuu

C/ Qaama Qabbaneessuu—Barannoo Ijoo—Qaama Ho'ifachuu

D/ Qaama Ho'ifachuu—Qaama Qabbaneesuu—Hojii Ijoo

180. Heerri SMART galma ga'iinsa sochii qaamaaf bu'a qabeessaadha. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu SMART dha?

A/ Adda baasuu (special)-Hiika qabeessa (meaningful)-Bira ga'amuu (achievable) - qabatamaa ta'uu (realistic) - Nuffisiisaa (tedious)

B/ Murtaawaa (specific)-safaramaa (measurable)-bira ga'amuu (achievable)-qabatamaa ta'uu (realistic)-Yeroon daanga'uu (time bounded)

C/ Walitti fufiinsa (sustainable)-Safaramaa (measurable)-waliigaltee (agree)-galmee (record) - Yeroon daanga'uu (time bounded)

D/ Miirawaa (sensible)-Hiika qabeessa (meaningful) - waliigaltee (agree)-galmee (record) – Nuffisiisaa (tedious)

181. Karoorri barannoo barnoota Guddinaafi Jabeenya Qaamaa kanneen armaan gadii keessaa tokko **hin** hammatu;

A/ Maqaa barsiisaa C/ Mata duree barannoo

B/ Umrii barattootaa D/ Maqaa mana barnootaa

182. Adeemsa baruufi barsiisuu barnoota Guddinaafi jabeenya Qaamaa keessatti tartiibni sirrii ta'e kami?

A/ Karoorsuu—hojiirra oolchuu—madaaluu

B/ Hojiirra oolchuu —madaaluu—karoorsuu

C/ Madaaluu—karoorsuu— hojiira oolchuu

D/ Karoorsuu—madaaluu— hojiira oolchuu

183. Ofeeggannoo sochii qaamaa addaa addaa barsiisuun galma barnootaa keessaa isa kamitti hammatama?

A/ Dagaagina yaad-sammuu C/ Dagaagina qaam-sammuu

B/ Dagaagina ilaalchaa D/ Dagaagina qindoominaa

184. Barsiisaan barnoota Guddinaafi Jabeenya Qaamaa kanneen armaan gadii keessaa tokko irraa kan hafe hojjechuuf diqama qaba

A/ Tooftaalee madaallii garaagaraa fayyadamuu

B/ Karoora barannoo guyyaa irratti hunda'ee hojjechuu

C/ Fedhii isaa irratti hundaa'ee barsiisuu

D/ Barattootni baratanii bu'a qabeessa ta'uu irratti xiyyeeffachuu

185. Kanniin armaan gadii keessaa tooftaan filatamoo barachuu dandeettii qaamaa kan ta'e isa kami?

A. Mala Akkeessudhaan barachuu
B. Mala od-ibsaan barachuu
C. Mala yaalufi dogoggoraa irraa barachuu
D. Dandeetti shaampiyoonaa irraa waraabuudhaan barachuu

186. Jiminaastikii bu'uuraa keessatti yommuu sochii gaggaragaluu barsiistu kutaa qaamaa keessaa kamtu dursee afata/lafa tuqa jettee barsiista?

A. Ciqilee
B. Barruu harkaa
C. Mataa
D. Gateettii/ceequu

187. Kanneen armaan gadii keessaa tokko adeemsa barsiisuu keessatti qajeelfamni barannoon akka sirriitti hubatamu kan godhuu miti

A. Salphaarraa gara walxaxaatti barsiisuu
B. Qabatamaarraa gara qabatamaa hinta'initti barsiisuu
C. Beekamaarraa gara hinbeekaminiitti barsiisuu
D. Gooroo irraa gara gooreetti barsiisuu

188. Sochiilee garaagaraa dalaguun barachuu keessatti qindoominni maashaafi fi sammuu;

A/ Barachuu
B/ Qaam-sochii
C/ Barsiisuu
D/ Leenji'uu

189. Kanneen armaan gadii keessaa tokko gahee manni barnootaa barnoota Guddinaafi Jabeenya Qaamaa kennamuun barattoota jiruufi jireenya gaarii ta'etti guddisuu miti

A/ Dandeettii qaam-sochii barsiisuu
B/ Hooggansa siyaasaatti guddisuu
C/ Sochiilee adda addaa keessatti hirmaachisuu
D/ Garee biyyoolessaaf taphattoota ciccimoo baasuu

190. _____ irraa kan hafe kanneen armaan gadii hundumtuu bu'aa qulqullina Barnoota Guddinaafi Jabeenya Qaamaati

A/ Barattootni ofitti amanamummaa horachuu

B/ Barattootni dandeettii hawaasummaa gaarii horachuu

C/ Barattootni hirkattoota ta'uu

D/ Barattootni amala isaaniif itti gaafatamummaa fudhachuu

191. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu kaayyoo gooree barnoota G.J.Q. ibsa?
   A. Ga'uumsa qaamaa horachuu
   B. Muuxannoo taphootaa akka qabaatan gochuu
   C. Walitti dhufeenya Hawaasummaa cimsuu
   D. Shaakaluu

192. Dhuma boqonnaa kanaa booda barattoonni maalummaa mala baruu barsiisuu ni dinqisiifatu; kan jedhu keessatti qabiyyee kan nutti agarsiisu kam?
   A. Mala baruu barsiisuu
   B. Ni dinqisiifatu
   C. Dhuma boqonnaa kanaa
   D. Barattoonni

193. Kanneen armaan gadii keessaa tokko faayidaa meeshaa deegarsa barnootaa miti.
   A. Qabiyyee barnootaa qabatamaa gochuuf
   B. Barattoota kakaasuuf
   C. Humnaa fi yeroo qusachuuf
   D. Yeroo qisasessa.

194. Akaakuu iyyaafannoo keessaa kan fedhii, hawwii fi sadarkaa barataa addaan baasuuf gargaaru kam?
   A. Iyyaafannoo adeemsa keesaa
   B. Iyyaafannoo dhumarratti godhamu
   C. Iyyaafannoo barnootaan duraa
   D. Iyyaafannoo giddu gidduutti gaggeeffamu

195. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa karoora baruu barsiisuu iaalchisee kan sirrii ta'e kami?
   A. Hojiilee hojjataman tartiibaan kaa'uuf
   B. Galma barnootati
   C. Hojii darbe agarsiisa
   D. Deebiin hin kennamne

196. Malli wanta barsiisuuf barbaadame sana barattoonni qaamaan bira gahanii akka argan gochuun qayyabachiisuun barsiisuu_____dha
   A. Mala fakkeessanii hojjechuun barsiisuu
   B. Mala hojjetanii agarsiisuun barsiisuu
   C. Mala iyyaafannoon barsiisuu
   D. Mala dowwiin barsiisuu

197. Bu'uurri sirna barnootaa maal ta'uu qaba?

A. Qajeelcha barsiisaa
C. Silabasii
B. Kitaaba barataa
D. Deebiin hin kennamna

198. Barattoota barsiifnuuf qabiyyeen mijataa ta'uuf dhiisuu adda baafachuun karoorsuun kanneen armaan gadii keessaa isa kam ibsa?

A. Maaliif akka barsiifnu
C. Akkamitti akka barsiisnu
B. Eenyuun akka barsiifnu
D. Maal akka barsiifnu

199. Dandeettii barachuu barattootaa irratti hundaa'ee barattoota gosa meeqatu jira?

A. Lama
C. Tokko
B. Sadii
D. Afur

200. Kanneen armaan gadii keessaa falaasama leenjisuu kan leenjisaan hojiirra oolchu isa kami?

A/ Mo'achuu 1ffaa, atileetii 2^{ffaa}
C/ Leenjisaa 1ffaa, atileetii 2^{ffaa}
B/ Atileetii 1ffaa, mo'achuu 2^{ffaa}
D/ Atileetii 1ffaa, leenjisaa 2^{ffaa}

Waraqaa Deebii Gaaffilee Shaakallii BGJQ

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____
6. _____
7. _____
8. _____
9. _____
10. _____
11. _____
12. _____
13. _____
14. _____
15. _____
16. _____
17. _____
18. _____
19. _____
20. _____
21. _____
22. _____
23. _____
24. _____
25. _____
35. _____
36. _____
37. _____
38. _____
39. _____
40. _____
41. _____
42. _____
43. _____
44. _____
45. _____
46. _____
47. _____
48. _____
49. _____
50. _____
51. _____
52. _____
53. _____
54. _____
55. _____
56. _____
57. _____
58. _____
59. _____
69. _____
70. _____
71. _____
72. _____
73. _____
74. _____
75. _____
76. _____
77. _____
78. _____
79. _____
80. _____
81. _____
82. _____
83. _____
84. _____
85. _____
86. _____
87. _____
88. _____
89. _____
90. _____
91. _____
92. _____
93. _____

26. _____
27. _____
28. _____
29. _____
30. _____
31. _____
32. _____
33. _____
34. _____

60. _____
61. _____
62. _____
63. _____
64. _____
65. _____
66. _____
67. _____
68. _____

94. _____
95. _____
96. _____
97. _____
98. _____
99. _____
100. _____

101. _____
102. _____
103. _____
104. _____
105. _____
106. _____
107. _____
108. _____
109. _____
110. _____
111. _____
112. _____
113. _____
114. _____
115. _____
116. _____
117. _____
118. _____
119. _____
120. _____
121. _____
122. _____
123. _____
124. _____
125. _____
126. _____
127. _____
128. _____
129. _____
130. _____
131. _____

135. _____
136. _____
137. _____
138. _____
139. _____
140. _____
141. _____
142. _____
143. _____
144. _____
145. _____
146. _____
147. _____
148. _____
149. _____
150. _____
151. _____
152. _____
153. _____
154. _____
155. _____
156. _____
157. _____
158. _____
159. _____
160. _____
161. _____
162. _____
163. _____
164. _____
165. _____

169. _____
170. _____
171. _____
172. _____
173. _____
174. _____
175. _____
176. _____
177. _____
178. _____
179. _____
180. _____
181. _____
182. _____
183. _____
184. _____
185. _____
186. _____
187. _____
188. _____
189. _____
190. _____
191. _____
192. _____
193. _____
194. _____
195. _____
196. _____
197. _____
198. _____
199. _____

132. _____
133. _____
134. _____
166. _____
167. _____
168. _____
200. _____

Deebii Gaaffilee Guddinaafi Jabeenya Qaamaa (GJQ)

1	D	51	A	101	A	151	C
2	A	52	B	102	C	152	C
3	C	53	D	103	D	153	A
4	B	54	B	104	C	154	B
5	A	55	D	105	A	155	C
6	D	56	B	106	A	156	D
7	A	57	D	107	C	157	B
8	D	58	C	108	B	158	D
9	C	59	C	109	D	159	D
10	D	60	A	110	C	160	A
11	C	61	D	111	C	161	A
12	C	62	C	112	B	162	D
13	B	63	A	113	C	163	C
14	C	64	D	114	D	164	D
15	C	65	C	115	C	165	B
16	B	66	C	116	B	166	A
17	D	67	A	117	C	167	D
18	D	68	D	118	C	168	B
19	D	69	A	119	B	169	C
20	B	70	B	120	C	170	C
21	D	71	C	121	C	171	D
22	D	72	D	122	B	172	B
23	B	73	B	123	C	173	D
24	A	74	A	124	B	174	C
25	D	75	D	125	C	175	B
26	A	76	C	126	B	176	A
27	D	77	B	127	B	177	B
28	B	78	B	128	B	178	A
29	C	79	D	129	C	179	A
30	B	80	D	130	C	180	B
31	D	81	A	131	A	181	B
32	D	82	A	132	C	182	A
33	B	83	D	133	A	183	A
34	D	84	D	134	A	184	C
35	C	85	D	135	B	185	C
36	D	86	D	136	C	186	B
37	C	87	C	137	C	187	D
38	B	88	C	138	B	188	B
39	D	89	A	139	C	189	B
40	D	90	D	140	C	190	C
41	B	91	A	141	B	191	D
42	A	92	C	142	B	192	B
43	A	93	D	143	D	193	D
44	D	94	D	144	D	194	C
45	C	95	A	145	C	195	A
46	B	96	C	146	C	196	D
47	D	97	A	147	B	197	C
48	A	98	C	148	D	198	D
49	A	99	D	149	B	199	B
50	C	100	D	150	D	200	B